mnvotes.gov

1-877-600-VOTE (8683)

MN Relay Service: 711

secretary.state@state.mn.us

## Baga gammaddan, filachuuf ni galmooftu!

Iyyata dhiheenya kana Hayyama Konkolaachisummaa ykn Kaardii Eenyummaa Isteetii argachuuf dhiheessitan hordofuun, Minnesota keessatti sagalee kennuuf galmaa'uu dandeessuu.

### Filannoo keessan 2n

- **Homaa hin gootan** filachuuf galmaa'uu dandeessu. Waajjirri filannoo naannoo keessanii Poosti-kaardii aanaalee filannoo keessanii, precinct keessanii, fi teessoo buufanni filannoo keessanii argamutti isiniif erga.
- **Galmaa'uu dhiisaa** yoo galmaa'uu hin barbaanne ykn filachuuf ulaagaa kan hin guunne (bal'ina isaa deebi'aatii ilaalaa). Guyyaa poostaa kun ergame irraa eegalee guyyoota 20 keessatti unka armaan gadii kana kan deebiftan yoo ta'u filachuuf hin galmooftan.

---

## Yoo filachuuf galmaa'uu hin barbaanne

Saanduqa armaan gadii irratti mallattoo kaa'aa, mallatteessaa, unka kana deebiftanii yoo filachuuf ulaagaa kan hin guunne ta'e (ballina isaaf deebi'aa ilaalaa) ykn galmaa'uu kan hin barbaanne taatan.

| | |
|---|---|
| 1 | ☐ Akkaataa Minn. Stat. 201.161 subd. 2, Minnesota keessatti filachuuf galmaa'uu ykn dursee galmaa'uuf hayyamamaa hin ta'u. Yookiin, guyyaa poostaa ergame irraa eegalee guyyoota 20 ol yoo ta'e, fi ani filachuuf galmaa'ee jiraadhe, galmeen filannoo koo akkaataa Minn. Stat. 201.13 subd. 4.tti akka badu. |
| 2 | Nama unkaan kun itti kenname ana ta'uu nan kakadha ykn mirkaneessa.<br>Mallattoo<br>X |
| 3 | Unka kana deebisaa<br>Poostaa kenname iimeelii ykn faksii fayyadamaa. |

Odeeffannoo dabalataaf garagalchaa →

## Minnesota keessatti, filachuuf galmaa'uuf ulaagaa guutuu kan dandeessan yoo...

- Dursitanii galmaa'uuf umuriin keessan yoo xiqqaate waggaa 16, akkasumas guyyaa filannoof yaadametti yoo xiqqaate waggaa 18 guuttan
- Lammii U.S. taatan
- Guyyaa Filannoo dura yoo xiqqaate guyyoota 20f Minnesota keessa jiraattan
- Ajaja mana murtii mirga sagalee kennuu keessan kan haqu eegumsa ajaja mana murtii jala hin jirtan ta'e
- Seeraan sagalee kennuudhaaf gahumsa kan hin qabne ta'uun mana murtiittin kan hin himamne ta'e
- Yeroo ammaa kana yakka cimaatiin hidhamtanii kan hin jirre ta'e

**Ulaagaa armaan olii kamiyyuu yoo hin guunne unka gama biraa jiru fayyadamuun galmaa'uuf Hayyamamoo hin ta'inaa.**

## Wanta beekuu qabdan

- Namoonni iyyata dhaabbata mootummaa ulaagaa guutuu qabu keessatti guutanii fi sanada lammummaa U.S. kennan ofumaan sagalee kennuuf ni galmaa'u.
- Yeroo osoo hin balleesin toora interneetii mnvotes.gov/register ykn waajjira filannoo kaawuntii keessaniitti ni galmaa'uu
- Guyyaan xumuraa galmee dursaa guyyaa Filannoo dura guyyoota 21 dura ta'a. Haa ta'u malee guyyaa filannoo buufata filannoo keessanitti galmaa'uu dandeessu. Galmeessuuf sanadootaa fi eenyummaa akkamii akka isin barbaachisu baruuf *mnvotes.gov* daawwadhaa
- Odeeffannoon galmee filattootaa murtaa'an filannoof, siyaasaaf, seera kabachiisuuf ykn filannoo jury yeroo itti fayyadaman uummataaf ifa ta'a. Yoo yaaddoo nageenya dhuunfaa qabaattan, daataa quunnamtii keessanii dhuunfaatti qabachuu dandeessu. Caalaatti baruuf 1-877-600-8683 irratti bilbilaa

Bakka sagalee itti kennitan argachuuf, waraqaa sagalee namoota qaamaan argamuu hin dandeenyeef iyyachuuf, samuuda waraqaa sagalee ilaaluuf, galmee keessan haaromsuuf, fi kkf argachuuf **mnvotes.gov** daawwadhaa.

## Maddeen galmee filannoo afaanota birootiin

Odeeffannoon kun afaanota kanneeniin mnvotes.gov/register irratti ykn koodii QR kana sakatta'uudhaan ni argama.

Español Soomaali Русский ພາສາລາວ ខ្មែរ

Hmoob Tiếng Việt 中文 Oromo አማርኛ

Filannoowwan argachuuf garagalchaa →